Taabotaan hin kakatinaa, akkasumas abboota keessaniinis hin kakatinaa

Abdurrahmaan ibnu samuraa irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Taabotaan hin kakatinaa, akkasumas abboota keessaniinis hin kakatinaa».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- taabootawwaniin kakachuu irraa dhoorgani, isiin taabota mushrikoonni Rabbii gaditti gabbaraa turani, isiin sababaa jallina isaaniitii fi kufrii isaaniiti, akkasumas nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- abbaootaan kakachuu irraa dhoorgani; yeroo wollaalummaa keessatti isaaniin dhaaddachuu fi isaan guddisuuf jecha abbootiin kakachuun aadaa arabaa irraa ture.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/8959